TALAALLII COVID-19

HAQA JIRU HUBACHUU.

ERGA TALAALAMTANIIN BOODA FAYYUMMAA KEESSAN EEGGADHAA. HAWAASA KEESSAN DHIBEE IRRAA EEGGADHAA.

Guyyaa talaalamtanii eegalee hanga torban lama boodaatti dhibee COVID-19 guutummaatti isin irraa kan ittisu miti!

TORBANOOTA 2

- Yoo **talaallii waraansaa-lama** kan fudhattan ta'e, talaallii isa lammaffaa booda **torbanoota 2** turuu qabdu.
- Yoo talaallii isin barbaachisu qofaa **waraansa tokko**, kan fudhattan ta'e, talaallicha erga fudhattaniin booda **torbanoota 2** turuu qabdu.

ERGA TALAALAMTANIIN BOODA FAYYUMMAA KEESSAN EEGGADHAA

Talaalliin kun, COVID-19 irraa yeroo hagamiitiif akka isin eegu, yookiinis ammoo erga talaalamtaniin boodas ammallee namoota kan birootti yoo isin dabarsitan ogeessonni fayyaa hin beekan. Erga talaalamtaniin booda illee, kanneen itti aanan kana gochuu itti fufaa:

Haguuggii fuulaa godhachuu.



Wal-irraa fageenya hawaasummaa amaleeffachuu.

Walitti qabama kan namoota hedduu waliinii taasisuu dhiisuu.

Harka ofii keessanii yeroo baay'ee dhiqachuu.

Yeroo hedduu waantota tuttuqaman qulqulleessuu fi farra infekshinii fayyadamuu

Guutummaatti talaallii kana kan fudhattan ta'u illee, qorannoo COVID-19 ammuma kana taasisaa:

Yoo naannoo kan **nama dhibee COVID-19 qabu waliin turtanii fi miirri dhukkubbiis kan isinitti dhagahamu ta'e.** Dabalataanis, mana turuudhaan warra kan biroo irraa fagaachuu.

Isin **nama baay'ee waliin kan jiraattanii** fi **naannoo nama COVID-19 qabamee kan turtan yoo ta'e. Yoo miirri dhukkubbiis kan isinitti hin dhagahamne ta'e illee, qorannoo fayyaa taasisaa.** Dabalataanis, mana turuudhaan warra kan biroo irraa fagaachuu.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataatiif: cdc.gov/coronavirus daawwadhaa